

# HAYYAMA SEENSAA GARA SPOKANE ST SWING BRIDGE (LOW BRIDGE)



## AKKAMIN IYYANNA

Hayyama seensa riqicha gara gadiitiif [www.seattle.gov/transportation/lowbridge](http://www.seattle.gov/transportation/lowbridge) ykn koodii QR fuula kanarra jiru fayyadamuun iyyadhaa. Iyyatichi afaanota armaan gadiin ni argama: Ingiliffa, Ispeanish, Kooriyaa, Somaalii, Chaayinaa (Traditional), Veetinaam, Oromoo fi Khmer. Iyyata afaan biraatiin ykn waraqaatiin gaafachuuf maaloo [WestSeattleBridge@seattle.gov](mailto:WestSeattleBridge@seattle.gov) tiin nu quunnamaa ykn 206-400-7511 fayyadamaa.



## TUUTA FAYYADAMTOOTAA HAYYAMA SEENSAA GAAFACHUU DANDA'AN

Seensi guyyaa gara riqicha gara gadiitti taasifamu konkolaattotni fe'umsaa, tiraanziit fi dhimmoota ariifachiisaa gara fi Lixa Siyaatilitti taasisan si'oomsuuf dhorkameera. Tuutni armaan gadii itti fayyadama daanga'aa Low Bridge'tiif iyyachuu ni danda'u.



 **Afaan Beekamu**  
Iyyaticha guutuuf deeggarsa yoo barbaaddan ykn gaaffii yoo qabaattan, lakk.bilbilaa (206) 400-7511'tiin bilbiluu fi ergaa sagalee ykn email [WestSeattleBridge@seattle.gov](mailto:WestSeattleBridge@seattle.gov) irratti erguu ni dandeessu. Maqaa, odeeffannoo quunnamtii fi afaan barbaaddan ibsaati namni ta'e bilbila keessan isiniif ni deebisa.



Namootni gara fi Waldhaansa fayyaa baraarsuu lubbuutti karaa Lixa Siyaatil imalaa jiran; kunis waldhaansa karaa Fauntleroy Ferry argachuuf konkolaachisu (mirkaneessi kenna tajaajila fayyaa keessan ni barbaachisa)



Hojjetoota waldhaansaa wayita waamichi taasifamuuf dhufan (Hojjetoota gara hojii dabaree bilbilameefitti deemaa fi deebi'aa jiran; mirkannoon hojjechiisaa ni barbaachisa)



Ristoraantotaa fi Biiznasoota Qinxaaboo Lixa Siyaatil irratti bu'uureffate (imalawwan ariifachiisaa meeshaa ykn dhiyeessiiwwan fuudhuuf taasifaman qofatti daangeffamee)



Konkolaattota Rideshare ([vanpools](#), [shuttles](#) ykn [official carpools](#) kan lakk.gabatee hayyama rideshare Isteetaan kennameef qaban; Kun Uber/Lyft ykn Taaksiiwwan HIN dabalatu)



Biiznasiwwan Galaanaa fi Indastirii riqicha gara gadiitti dhiyoo ta'an (imalawwan ariifachiisaa meeshaa ykn nama murteessaa ta'e geejjibuutti daangeffamee jira)



Konkolaattota mootummaa (Imalawwan ariifachiisaa/hin karoorfamiinitti kan daangeffame)



Iyyata dirqama dhiyeessitu yoo ta'e, lakk.gabatee keessan dhiyeessaa, ulaagaalee fudhatamummaa guutaa, akkasumas riqicha gara gadii itti fayyadamuu keessaniin dura SDOT'tiin isiniif hayyamamuu qaba.

### Odeeffannoo Piroojektii fi Quunnamtii

Marsariitii: [www.seattle.gov/transportation/lowbridge](http://www.seattle.gov/transportation/lowbridge)  
Email: [westseattlebridge@seattle.gov](mailto:westseattlebridge@seattle.gov) | Bilbila: (206) 400-7511



**Seattle**  
Department of  
Transportation

Hayyamni seensaa hamma dhuma bara 2021'tti yeroof kennama. Low bridge irra sochiin tiraafikaa hedduun yoo jiraate, konkolaattota dhimma ariifachiisaatiif haala amansiisaa ta'een daandii saaquuf hayyama seensaa hir'isuu ni dandeenya.

Richi high-rise ammoo walakkaa bara 2020'tti akka banamu tilmaamama.

## IMAAMMATA SEENSA LOW BRIDGE


Riqicha gara gadii konkolaattotni hayyamni hin kennamiiniif kanneen akka (konkolaattota dhuunfaa, dhokdhokkee kanneen hin ta'iin ykn motor scooters, taaksii kanneen hin taaneef, konkolaattota ride-hail app kanneen akka Uber and Lyft) tiif cufaa dha.

- **Wixataa hanga Jimaataa:** 5 a.m. to 9 p.m.
- **Sambataa fi Dilbata:** 8 a.m. to 9 p.m.



## HAALLI ARIIFACHIISAAN YOO JIRAATEE FI RIQICHA GARA GADII IRRA KONKOLAACHISUUN YOO NARRAA EEGAMA TA'E MAALTU UUMAMA?

Dhimmootni ariifachiisaa akka uumaman ni beekna, akkasumas ambulaansii osoo hin waamiin gara hospitaalaatti konkolaachisuun isin barbaachisa ta'a ykn sababoota muddamsaa adda birootiin riqicha sanarra imaltu ta'a. Tikeetni \$75 kun qajeelfama akkaataa itti komattan ibsu of keessaa ni qabaata. Dhimmi kanfaltii Mana Murtii Mana Qopheessaa Siyaatiliin waan murtaa'uuf, kanfaltii sanaaf itti hin gaafatamtan jennee isiniif mirkaneessuu hin dandeenyu.



Konkolaattotni hayyama hin qabne, sa'aatii riqicha gara gadii irra qaxxaamuruun dhorkaa ta'etti yoo irra konkolaachisan imala tokkotti adabbiin \$75 isaanirra kaa'ama. Namootni konkolaattota dhimmoota muddamsaa, tiraanziitii uummataa fi fe'umsaa riqicha kana guyyaatti sa'aatii kamuu itti fayyadamuu kan danda'an yommuu ta'u, hayyama seensaaf iyyachuun ykn lakk. gabatee isaanii SDOT'tiif dhiyeessuun isaan irraa hin eegamu.



Daandiin miilaa riqicha gara gadii guyyaa fi sa'aatii hunda namoota miilaan deeman, sochii taasisan, iskuutara elektirikaa, ykn saaykilii kanneen fayyadamaniif banaa dha.